Gadaa Journal/Barruulee Gadaa

Vol. 9 No. 1 January 2026
https:journals.ju.edu.et

e-ISSN: 2616-3985
p-ISSN: 2616-3977

A Bilingual Journal of the Institute of Oromo Studies (IOS) Jimma University

Full Length Research Paper

Xiinxala Yoomessaafi Ergaawwan Sirboota Gundoo Booree Oromoo Jaawwii Maccaa

Tasfaayee Bayyanaa[1*], Darajee Fufaa[2] (PhD)-fi Magarsaa Dhinsaa[3] (PhD)

[1]Yuunivarsiitii Wallaggaa Dhaabbata Qo'annoo Afaaniifi Gaazexeessummaatti Kaadhimamaa D F, Iimeelii: tesfayebeyenetufa@gmail.com

[2]Yunivarsiitii Jimmaa Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Namoomaa, Imeelii: derejefufa@gmail.com;

[3]Yuunivarsiitii Wallaggaa Dhaabbata Qo'annoo Afaaniifi Gaazexeessummaatti, Iimeelii: megersaabeye@gmail.com

Submission Date: March 2, 2024
Acceptance Date: Januray 09, 2026 DOI: https://dx.doi.org/10.4314/gadaa.v9i1.4

Axareeraa

Qorannoon kun xiinxala yoomessaleefi sirboota gundoo booree Oromoo Jaawwii Maccaarratti xiyyeeffata. Qorannoon yoomessaleefi ergaawwan sirboota gundoo booree Oromoo xiyyeeffannoo bal'aa dhabuun barruu kanaaf ka'umsa yoo ta'u, qorannichi qaawwa gama kanaan jiru guutuuf gaggeeffame. Haaluma kanaan, yoomessaleefi ergaawwan sirboota gundoo booree Oromoo Jaawwii Maccaa yaadiddama haala galumsaa hordofuun mala akkamtaa fayyadamuun xiinxalli gaggeeffamee jira. Kanaafis tooftaaleen qorannoo akkayyoofi darbaa dabarsaan dhimma ba'amaniiru. Darbaa dabarsaan ilmaan Jaawwii Maccaa keessaa bakka sirboonni gundoon booree itti sirbaman addaan baa'aniiru. Raga himtoonni qorannichaa immoo iddateessuu akkayyoon filataman. Ragaaleen qorannoo kanaas madda ragaa tokkoffaarraa funaanaman. Kanneen irraas daawwannaa, afgaaffiifi marii garee qulqulleeffannootiin funaanaman. Bu'aan qorannoo kanaa sirbi gundoo booree Oromoo Jaawwii Maccaa waltajjiiwwan migira buqqisuu, hodhuu, bishaan waraabuufi qoraan cabsuutti shaakalamu. Kunis guyyaa cidhaa shamarran sirba gundoo booree sirritti akka sirbaniif gargaara. Cidharratti shamarran yeroo amaamonni intalaafi gonfaa fudhatanii ba'uuf ka'an, gonfaa keessaa gundoo booree jabbi-dhooftuu jalaa butatanii ittiin sirbu. Ergaawwan sirboota gundoo booree keessatti darban immoo, jabbi-dhooftuu qormaatatti galchuu, muddama yaadaan rarrasuu, dorgommii uumuufi cichoomina dabaluu ibsu. Waltajjii cidhaaf ammoo, humna dabaluun seera, obsa, naamusa, xiiqii, dandeettiifi tasgabbii barsiisa. Cidha dura sirbi gundoo booree kan shaakalamaa turus waltajjii cidhaa sana ho'isuufi dirree barsiisuu agarsiisuuf fayyada. Dargaggoonni Oromoo sirboota gundoo booree kanneenitti cichuun haala ammayyaan walitti madaqsanii dhimmoota Oromoo ittiin dabarsuufi irraa barachuun barbaachisaa ta'uu qorannoon kun akeeka. Dhaabbileen akka Waajjiraalee Aadaafi Turiizimii, Yuunvarsiitonnii mootummaafi mit-mootummaa naannoo ilmaan Jaawwii Maccaa dhaloota dadammaqsuun akka sirboota gundoo booreetti fayyadaman taasisuun guddina sirboota gundoo booreef gumaacha.

Jechoota Ijoo*:* Gundoo booree, Jaawwii Maccaa, jabbi dhooftuu, seera, yoomessa

Analyses of Setting and Themes of *Gundoo Booree* Nuptial

Songs of the Jawwii Macca Oromoo

Abstract

This study analyses the setting and themes of gundoo booree in the context of the nuptial songs of the Jawwii Macca Oromoo. The lack of adequate analyses of these aspects of the songs has instigated the study to narrow the gap. Accordingly, the setting and the themes of the gundoo booree of the Jawwii Macca Oromoo nuptial songs have been analysed using contextual folklore studies. Qualitative ethnographic research methods have been employed for the study. Purposive and snowball sampling techniques have been used in identifying appropriate individuals and groups from the study area in collecting the data. From the lineage of Jawwii Macca those who have preserved and practise gundoo booree were identified through snowball sampling techniques. Participants of the study were selected purposively. Likewise, the data were collected from primary sources through observations, interviews, and focus group discussions. The results of the study show that girls practise the nuptial songs of gundoo booree when uprooting grass, sewing basket, fetching water from river, and collecting firewood. This helps them to sing the songs on the wedding stages appropriately. Actually gundoo booree is sung on the wedding day, particularly on the moment the groom and his companions take the bride, collect gifts from her parents, and prepare to depart their homestead. The peers of the bride take a particular item named 'gundoo booree' from the 'jab-dhooftuu,' who is delegated to take responsibilities for the gifts the bride is given from her parents and family on her wedding day. The taking of the gift item is followed by singing the song to challenge, entice, and test/tempt the individual and/or the group. The jab-dhooftuu receives, takes care, carries along, and finally delivers the gifts responsibly to the bride at the homestead of the groom. Leaving any of them behind is considered ridiculous, a testament to his commitment and shouldering responsibility. Taking back from the girls requires courage, commitment, wisdom, patience, tolerance, and responsibility. Forceful attempt can also lead to quarrel with local young men. He should take systematically and wisely. The girls sing gundoo booree happily and proudly for posing the final challenge on the departing groom and his companions with the bride. It creates a tense situation for the jab-dhooftuu and companions. The girls sing the song in funny mood. Gundoo booree creates competition and empowers, intensifies, and strengthens both sides and the stage. It teaches patience and commitment. The study implies that the Oromoo youth should be committed to enliven gundoo booree songs adapting to the current contexts and promote it. Oromia Culture and Tourism, universities, GOs and NGOs working with the Jawwii Macca Oromoo lineage should help the generation to consciously preserve, continue practising, and promoting gundoo booree songs.

Keywords: Gundoo booree, Jaawwii Maccaa, jab-dhooftuu, law, setting

---

1. Seensa

Gaa'elli dhaabbilee hawaasaa dhugaarratti hundaa'uun dhaabbatan keessaa tokko (Hui, 2016). Kunis karaa warra wal fuudhuu qophiileen garaa garaa taasfamuun adeemsa seeraa hordofuun hundaa'a. Seera qabaachuun gaa'illi akka hindiigamneef, jabeessee dhaaba. Dargaggoonni gaa'ela dhaabbatan hawaasummaa, xiinsammuufi dinagdeen qophaa'uun walitti dhufu. Sirbi qophiilee gaa'elaaf taasifaman keessatti argama. Kanaafuu, sirni gaa'elaa sirbaan masakamee miidhaga.

Sirni gaa'elaa adeemsa maatii uumuudha. Aadaa, amantaafi seera hawaasaarratti hundaa'uun ijaarama. Kunis ilmaafi intala ga'an gidduutti taasifama (Hussen, 2000). Bu'aan gaa'elarraa argamu jireenya walgargaarsaa, gammachuufi walitti fufiinsa diroo sanyii namaati. Kanaafuu, dargaggeessiifi durbi seeraan walfuudhanii jaalalaan akka jiraatan nijajjabeeffama. Guyyaan cidhaa misirrootaaf guyyaa gammachuuti. Bu'uuruma kanaan, qaamoleen hawaasaa garaa garaa cidha dura, guyyaa cidhaafi booda sirboota gaa'elaa qe'ee warra intala heerumtuufi gurbaa fuudhuutti sirbuun gammachuu isaanii ibsu. Kun immoo, sirbi gaa'elaa mana warra soddaa lamaanitti sirbamuu akeeka.

Addunyaan hundi sirna gaa'elaa mataa isaanii qabu. Oromoonis uummata addunyaarra jiraatu keessaa tokko waan ta'eef, sirna gaa'elaa qaba. Sirni kunis qe'ee warra intala heerumtuufi gurbaa fuudhuutti raawwatama. Sirboonni arrabsoo (balbal-qabaa, ol-darbaafi gundoo booree), mararoofi faaruun sirna gaa'elaa qe'ee warra soddaa lamaanitti sirbamuun, sirna gaa'ela Oromoo adda taasisa. Balbal-qabaafi faaruun qe'ee warra soddaa lamaanitti sirbamu. Garuu, ol-darbaa, gundoofi mararoon qe'ee warra intala heerumtuutti sirbamu. Sirboonni kunniin walaloofi yeedaloon qindaa'uun meeshaalee muuziqaan deeggaramanii hurruubummaan raawatamu. Qaamoleen hawaasaa sirboota kanneen keessatti hirmaatan dargaggoota, shamarraniifi amaamota (Holcomb, 1973).

Sirboonni walaloo, yeedaloofi sochii qaamaan qindaa'u. Qaamolee hawaasa garaa garaatu keessatti hirmaata. Qooda fudhattoota keessaa namni tokko weedduun dursa. Kanneen hafan jalaa qabuun hurruubsu. Kanaafuu, sirbooni wal harkaa fuudhinsa weeddisaafi jalaa qabdootaan raawwatamu (Assefa, 2015). Yaanni kun sirboonni walaloon kalaqamuu; yeedaloon sagaleeffamuufi hurruubummaan yookaan sochii qaamaan agarsiifamu akeeka. Kanaafuu, sirboonni jechaafi gochaan raawwatamu.

Sirbi gaa'elaa akaakuwwan sirbootaa keessa tokko. Sirna gaa'elaarratti sirbama. Maalummaa, qabiyyeewwan, kaayyoofi akkaataa dhihaannaa qaba. Haaluma sanaan gosa gosaan qoqqoodamuun adda ba'u. Akeekaafi kaayyoo qabaniin daanga'u. Qe'ee warra soddaa lamaanitti dhihaachuun akeekaafi kaayyoo isaanii mul'isu. Dhimmoota uummataa: aadaa, duudhaa, hawaasummaa, dinagdeefi siyaasa barsiisu (Finnegan, 1970).

Gaa'elarratti intalli heerumtu addooyyeewwan ishee waliin ta'uun gurbaa fuudhu, firoottaniifi amaamota sirbaan arrabsu. Faallaa kanaan, obbolaan gurbaa fuudhuu, durbaa naannoo kadhachuun intala heeruma dhuftu, firoottaniifi gosa ishee sallaksu. Ergaawwan sirba kanneenii doofaa dammaqsuuf, gowwaa gamnoomsuuf, laafaa jabeessuuf, lugna gootomsuufi wallalaa barsiisuuf fayyadu (Bukenya, Kabira and Okomba, 1994). Kanaafuu, gaa'elarratti soddaawwan lamaantu walarrabsa, walqeeqa, walbarsiisa, walgorsa jechuudha. Kunis sirbi gaa'elaa barsiisuufi amala badaa dhiisisuuf yookaan to'achuuf akka gargaaru agarsiisa.

Oromoon Arsii qophii gaa'elaa qe'ee warra soddaa lamaanitti taasisu (Leila, 2004). Sirboonni cidhaas qophiilee gaa'elarratti taasifaman keessaa tokko waan ta'eef, qe'ee warra gurbaa fuudhuufi intala heerumtuutti sirbamu. Qaamoleen hawaasaa keessatti qooda fudhatan dargaggoota, shamarraniifi amaamota. Qaamoleen kunniin naannoo keessaa walitti yaa'uun weedduufi shubbisaan raawwatu. Xiiqii wal qabsiisu. Kunis waltajjii cidhaa ho'isuun hawwataa taasisa.

Karaa biraa, shamarran Oromoo Maccaa dhaabbata yeroo cidhaa ittiin wal gargaaran addooyyee jedhamu qabu (Megersafi kanneen biro, 2019). Addooyyeewwan gareen ta'uun intala heerumtuuf, migira ciruun (buqqisuun) hodhaa hodhu. Yeroo tokkummaan gundoo hodhaan weeddisanii firoottan, warra gosaafi gurbaa fuudhu arrabsu. Garuu, waliifi firoottan intala heerumtuu nifaarsu. Kun immoo, bakki migira ciruufi hodhaa hodhuu weedduu gaa'elaa shaakaluuf mijataa ta'uu agarsiisa. Sirbi gundoo boorees sirboota gaa'elaa keessaa tokko waan ta'eef, bakka migira ciruufi hodhuutti shaakalama.

Olaaniin (2017) unkaafi qabiyyee sirboota gaa'elaa naqataa Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Jaardagaa Jaartee qorachuun addaan baase. Margaafi Ashanaafii (2022) xiinxala akkaatummaa weelluu jaalalaa Oromoo Maccaa mata duree jedhurratti qoratan. Qorannoowwan lamaanuu yoomessaafi ergaa xiinxaluurratti qaawwa qabu. Magarsaafi kanneen biroo (2019) mata duree Addooyyee: Girl's Indigenous Friendship Institution in Oromoo, Ethiopia jedhurratti qorachuun barruulee maxxansan. Qorannoo kana keessatti dhaabbanni addooyyummaa gundoo booree keessatti mul'atu xiyyeeffannoo hinarganne. Darajeen gosoota sirboota cidhaa Oromoo Maccaa shamarraniin sirbaman: arrabsoo, mararroo, faaruu, asoonsilleefi falaa jechuun qoode. Haala sanaan gundoon booree arrabsoodha. Keessaa qofaa ba'ee qoratamuu danda'a. Namni addaatti yoomessaafi ergaawwan sirboota gundoo booree qoratee addaan baase hinjiru. Bu'uuruma kanaan, kaayyoon ijoo qorannoo kanaa yoomessaafi ergaawwan sirboota gundoo booree Oromoo Jaawwii Maccaa gadi fageenyaan qorachuun qaawwa jiru duuchuun yoo ta'u, qorannoo kun gaaffilee itti aanan deebisuurratti xiyyeeffate.

- Sirboonni gundoo booree Oromoo Jaawwii Maccaa yoomessa akkamii keessatti sibamu?
- Ergaawwan sirboota gundoo booree Oromoo Jaawwii Maccaa keessatti darban maal fa'i?

2. Sakatta'a Barruulee Walfakkii

2.1. Maalummaa Sirba Gaa'elaa

Sirbi gaa'elaa karaa uummanni dhimmoota isaa ittiin ibsatu keessaa tokko. Kunis jechoota walaloon gurmaa'anirraa ijaarama. Walaloon sirba gaa'elaa jechoota filatamoo, gabaaboofi tartiiba gaariin qindaa'u. Kunniin immoo akka yaa'aa muuziqaa qabaatu taasisuun amala hawwattummaa gonfachiisa. Qaamolee hawaasa adda addaan gaa'elarratti sirbama. Qooda fudhattoota keessaa weeddisuu nama tokkoon durfama. Kanneen hafan jalaa qabuun shubbisu. Kanaafuu, jechaafi sochii qaamaan dhihaachuun ergaawwan hawaasummaa, dinagdeefi siyaasa ibsan dabarsa (Bauman, 1992). Yaanni kun sirbi gaa'elaa bifa hawwataa ta'een gaa'elaarratti dhihaachuun dhimmoota hawaasaa ibsuu akeeka. Kunis hirmaattotaan jechaafi gochaan sirna gaa'elaarratti mul'ata.

Sirbi gaa'elaa akaakuwwan sirbootaa keessaa tokko ta'ee, waltajjii gaa'elaarratti sirbama. Akkuma sirboota biroo aadaafi duudhaa uummataa eeggate dhihaata. Gaa'ela dura, guyyaa gaa'elaafi booda jala bultiirraa jalqabee hanga warra deebiitti sirbama. Hirmaattonni sirba gaa'elaa irra jireessaan dargaggootaafi shamarran naannooti. Sirna gaa'elaaf qophaa'e sababeeffachuun ergaa jaalalaa waliif dabarsuurratti xiyyeeffatu. Bu'uuruma kanaan, qophiin gaa'elaa carraa sirbaa dargaggootaaf uumuun akka dhaamsa jaalalaa waliif dabarsan taasisa (Dafaa, 1974).

Sirbi walaloon qindaa'uun sochii qaamaan deeggarame jiloota garaagaraarratti dhihaata. Walaloon sirbaa yeedaloon itti tolfamee afooleen durfama. Jamaan jalaa qabuun shubbisu. Kanneentu walitti dabalame sirba ta'e (Finnegan, 1970). Jiloota sirboonn irratti dhihaatan keessaa sirni gaa'elaa tokko. Qe'ee intala heerumtuufi gurbaa fuudhuutti shamarran sirba gaa'elaan warra soddaa lamaan arrabsu. Intala heerumtu immoo, firoottan, maatiifi hiriyyoota ishee mararreeffatti. Firoottan ishee oolmaa gaarii oolaanis faarsiti. Kanaafuu, xiyyeeffannoon sirba gaa'elaa warra soddaa arrabsuu, firoottan mararreeffachuufi faarsuudha.

2.2. Yaad-rimee Sirba Gundoo Booree

Sirboota gaa'ela Oromoorratti sirbaman keessaa sirbi gundoo booree tokko. Kunis qe'ee warra intala heerumtuutti meeshaa gundoo booree jedhamu qabachuun dhiichifama. Gundoon booree migiraarraa hojjetama. Gosa gonfaa intalli fudhattee heerumtuuti. Kabaja waan qabuuf hanga guyyaa cidhaatti dhimma hinbaasu. Guyyaa gaa'elaa gadi baasuun shamarran qabatanii sirbatti ba'u. Shamarran harkatti qabachuun akka amaamonni gundoo booree fudhataniif arrabsu. Bu'uuruma kanaan, sirba gundoo booree jedhame (Badhaasaa, 2019). Yaada kun sirbi gundoo booree qe'ee warra intala heerumtuutti akka sirbamu hima. Kunis gundoo gonfaaf qophaa'e keessaa tokko qabachuun sirbama. Ergaa arrabsoo akka amaamonni gundoo booree fudhatan affeeru dabarsa.

Sirbi gundoo booree yoomessalee garaa garaa keessatti sirbama. Kanneen keessaa qe'een intala heerumtuufi bakki shamarran hodhaa itti hodhan warra angafa. Holcomb (1973) sirboota gaa'elaa qe'ee intala heerumtutti sirbaman keessaa sirbi gundoo booree tokko ta'uu ibsite. Kunis booreef sirbama. Booree jechuun sirba dorgommiif sirbamu jechuudha. Dorgommiin kunis amaanotaafi shamarran gidduutti taasifama. Shamarran bifa geengoon walitti naanna'anii meeshaa gundoo booree jedhamu qabachuun sirbu. Amaamonni immoo shamarranirraa humnaan gundoo sana fuudhachuuf tattaafatu. Kun immoo sirbichi bifa dorgommii qabaachuu agarsiisa.

Mana intala heerumtuutti, sirbi gundoo booree si'oominaan eegama. Sababiin isaa ergaawwan sirba gundoo booree keessatti darban jifuu waarsaa, wal morkii shamarraniifi amaamota gidduutti mul'atuufi cichoomina gundoo booree ibsuurratti xiyyeeffatu. Shamarrantu akka waarsaafi amaamonni gundoo booree hinfudhanne seetoo qabachuun dhorku. Akka amaamonni ciminii fudhataniif immoo, arrabsoon sallaksu. Dhiisanii galuun amaamotaaf fafa. Imaanatu caba. Waarsatu tuffatama. Kanaafuu, cichoominaan fudhachuuf tattaafatu. Kanneentu miira dorgommii qaama lama gidduutti uumuun akka si'oominaan sirbi gundoo booree daawwatamu taasisan (Seefuu, 2016). Yaanni Seefuu kun sirbi gundoo booree qe'ee warra intala heerumtuutti akka sirbamu akeeka. Yoomessaalee kanneen keessatti immoo faayidaalee amaamota cichoomsuufi seexessuun dorgommii gundoo booree akka mo'atan taasisu qaba.

2.3. Yaadiddama Qorannichaa

Yaadiddamni qorannoo kana keessatti dhimma itti ba'ame yaadiddama haala galumsaati. Yaadiddamni haala galumsaa garagarummaa wantoonni haala galumsaa keessatti qaban addaan baasuuf fayyada (Terre, Durrheim & Painter 1999). Ragaalee haala tokko keessaa funaanaman (contextual information) fi ogafaan galumsa tokko keessatti himaman yaadiddama haala galumsaa malee xiinxaluun rakkisaadha (Dorson, 1972). Sirboonni galumsa keessatti sirbaman qabu. Kanaafuu, yaadiddama haala galumsaa fayyadamuun ragaalee siboota qorachuun murteessaadha.

Yaadiddamni haala galumsaa yaadiddamoota ragaaleen beekumtaa ittiin xiinxalaman keessaa tokko. Yaadiddamni kun yoomessa, walquunnamtii qooddattootaafi hurruubummaa` qorachuuf gargaara. Yaad-rimeen yaadiddama kanaa ogafaan hafee (text) keessaa osoo hinta`iin yoomessa keessatti hurruubummaaniin xiinxala (Given, 2008). Ogafaan qorachuuf haala qabatamaa keessatti hurruubamu, akkaataa ittiin hurruubamuufi wantoota yeroo hurruubbii itti fayyadamaniif xiyyeeffannoo kennuu. Walumaagalatti, yaadiddamni haala galumsaa yoomessa keessatti ogafaaniifi raawwii isaa qorachuun barbaachisaadha.

Bu'uuruma kanaan ragaaleen yoomessa sirba gundoorratti funaanaman yaadiddama haala galumsaan deeggaramuun xiinxalaman. Sababiin isaa, ragaaleen yoomessaan ogafaaniin wal qabatan galumsa hawaasaarratti xiyyeeffachuun yoo hiikaman filatamaadha. Ragaalee sirba gundoo booreerratti funaannaman bal'aadha. Kanneen keessaa ragaaleen gaaffilee qorannichaa deebisuu danda'an; madda odeeffannoorraa kallattiin argamaniifi haala jiruufi jireenya uummata naannoo sanaa waliin hidhata qaban filatamaniiru. Kanneen filataman akkaataa barbaachisummaa isaanii salphaarra gara cimaatti qindaa'uun xiinxalaman.

3. Malleen Qorannichaa

Qorannoon kun gosoota qorannoo keessaa sanyabsa. Yoomessaleefi ergaawwan sirba gundoo booree xiinxaluun kaayyoo qorannoo kanaati. Xiinxalli kunis saxaxa qorannoo akkamtaan taasifame. Ragaaleen madda ragaa tokkoffaarraa Oromoo Jaawwii Maccaa keessaa maanguddotafi namoota sirba gundoo booreerratti hirmaatanirraa argaman. Isaanis ilmaan Guduruu, Jiddaafi Goree keessaa mala iddatteessuu darbaa dabarsaan filataman. Sababiin isaa, ragaaleen sirba gundoo booree yeroo ammaa irra jireessaan kanneen sadan keessatti argamu. Sadan keessaas tooftaa iddatteessuu akkayyootti dhimma ba'uun namoonni kudhan fo'aman. Namoota filatamanirraa afgaaffiifi marii gareen funaanaman. Iddatteessuu darbaa dabarsaan waltajjileen cidhaa iyyaaffatamuun lama daawwatamaniiru. Ragaaleen argaman gaaffilee yoomessaleefi ergaawwan sirboota gundoo booree wal qabatan deebisu. Ragaaleen malleen kanneenin funaanaman jalqaba barreeffamatti jijjiiraman. Kanneen gaaffilee qorannichaa deebisan filatamuun qoqqoodamanii mala akkamtaan xiinxalaman. Xiinxaloota taasifaman keessatti hiika, aadaafi safuu hawaasichaa xiyyeeffannoo argataniiru.

4. Dhiheessaafi Xiinxala Ragaalee

Kutaa kana jalatti ragaalee sirba gundoo booree Oromoo Jaawwii Maccaa keessaa funaanamantu dhihaachuun xiinxalaman. Yoomessaleefi ergaawwan sirba gundoo booree addaan baasuurratti xiyyeeffate. Sirbi gundoo booree yoomessalee shaakalaafi raawwii qabaachuu ragaaleen argaman nimul'isu. Yoomessa shaakalarratti shamarran sagalee qofaan weeddisu. Waltajjii cidhaarratti immoo, weedduu shaakalaa turan sochii qaamaan dabaalanii dhiheessu. Ergaawwan hooda waarsaafi lugnummaa soddaa ibsu dabarsu. Shamarran amaamonniifi waarsaan yoo gundoo booree fudhachuu dhadhaban, sodaatti lakkaa'u. Kanaafuu, shamrran lugnummaa waarsaafi amaamotaa ibsuuf carraaqu.

4.1. Shaakala Sirba Gundoo Booree

Shamarran Oromoo Jaawwii Maccaa cidha dursanii waltajjilee migira haamuu, hodhaa hodhuu, bishaan waraabuufi qoraan cabsuurratti sirba gundoo booree shaakalu. Ragaaleen Guraandhala, 3/2021 afgaaffii maanguddoo ilmaan Jiddaa BR jedhamtuufi marii-qulqulleeffannoo Waxabajjii, 12/2021 ilmaan Guduruuf taasifamerraa argaman akka agarsiisanitti, shamarran Oromoo Jaawwii Maccaa cidha dura bakkeewwan migira buqqisuu, hodhaa hodhuu, qoraan cabsuufi bishaan waraabuutti weedduu gundoo booree akka shaakalan agarsiisu. Kunniin bakkeewwan shaakala sirba gundoo booreeti. Migirri, bishaaniifi qoraan lagaatti argamu. Guyyaa malee halkan hinhojjetaman. Kun immoo, sirbi gundoo booree gama yeroon yoo ilaalame, guyyaa akka shaakalamuu akeeka. Shaakalli kunis akka shamarran guyyaa cidhaaa ofitti amanamummaan sirban taasisa. Kanaafuu, ragaa dhihaate kun sirbi gundoo booree bakkeewwan migira ciruu,

hodhaa hodhuu, bishaan waraabuufi qoraan cabsuutti kana shaakalamuufi yeroon shaakalaas guyyaa ta'uu eera.

Ragaan marii garee Ebla, 18/2021 ilmaan Goree waliin taasifame akka mul'isutti, jiruufi jireenya shamarran Oromoo Jaawwii Maccaa keessatti dhaabbata addooyyeetu hundaa'a. Kunis shamarran umuriin walitti siqaniin dhaabbata. Shamarran dhaabbata kana keessatti yeroo gaddaafi gammachuu walitti qindaa'uun wal gargaaru. Yeroo tokko keessaa heerumaaf qophooftu, hodhuufi fo'uun gonfu. Gonfaa kanaa mana baatee jabaattee dhaabbachuun of dandeessi. Yeroo hodhaniifi fo'an weedduu gundoo booree dabalatee weedduwwan garaagaraa wal jalaa qabuun weeddisuun hojii sana saffisiisu. Kun immoo, sirbi gundoo booree bakka hodhaafi fo'aatti akka shaakalamuu hima. Bu'uuruma kanaan, shamarran Oromoo Jaawwii Maccaa addooyyeen gurma'uun yeroo intala heerumtuuf kennaa qopheessaan weedduu gundoo booree shaakalu.

Sirba gundoo booreerratti ragaalee argachuuf Caamsaa, 20/2021 hanga Waxabajjii 3/2021tti daawwannaan ilmaan Guduruuf taasifameera. Bu'aan daawwannaa kanarraa argames bakkeewwan qoraan cabsuufi bishaan waraabuun weedduu gundoo booreef karra saaquu agarsiisa. Akkasumas, ragaan marii garee maanguddoota Jiddaa waliin Amajjii, 10/2021 taasifamerraa argame, shamarran weedduu gundoo booree guyyaa laga bishaaniifi qoraanitti wal gahuun weeddisuun shaakalanii waltajjii guyyaa cidha irratti akka sirban mul'isa. Dabalataan, afgaaffii qarree Goree DA jedhamtuuf Ebila, 22/2021 taasifamee jira. Qarreen kunis "yeroo maatiin keenya laga qoraaniifi bishaanitti nu ergan shamarran wal ga'uun weedduu gundoo booree shaakalaa," jetti. Ragaan kun lagni bishaan waraabuufi qoraan cabsuu shaakala sirba gundoo booreef mijatoo ta'uu dhaama. Kanaafuu, Waltajjii dandeettii weeddisuufi shubbisuu ittiin adda baafataniidha.

4.2. Guyyaa Gaa'elaa Qe'ee Warra Intala Heerumtuutti

Gaa'elarratti maatiin gonfaa qopheessuun intala heerumtuuf kennu. Amaamota keessaa ilma wasiilaa yookaan adaadaa gurbaa fuudhuutu filatamee lakkaa'ee qe'ee gurbaa fuudhuun ga'uuf imaanaa fuudhata. Namni kun misirriittiif waarsaa ta'a. Lakkaa'ee fudhatee akka baatanii galaniif amaamotatti qoqqooda. Yeroo kana shamarran meeshaalee kennaman keessaa gaadanii gundoo booree butanii jalaa fuudhachuun ittiin sirba gundoo booree sirbu. Kunis sirbi gundoon booree eegalamuu agarsiisa.

Gundoo booree dhiisanii galuun qaaniidha. Deebisanii fudhachuunis rakkoodha. Haalli kun amaamotatti muddama fiduun booree uuma. Addooyyeewwan intalaa gundoo kana erga butanii fudhatanii akka amaamonni deebifatan ittiin kolomsiisu. Gundoo booree qabachuun weeddisanii arrabsuun sirbu. Jabbi-dhooftuun gonfaa warri ishee imaanaa kennan hanqisuu hinqabu. Namni har'a amanaa hanqise, boor hinamanamu. Booree qabachuun gundoo sana fudhachuuf hanga danda'e carraaqa. Shamarranis humnaafi dandeettii qaban hundaan jalaa miliquuf yaalu. Humna qaban hundaan of irraa dhorkaa, dafqanii sirbu. Ol utaalanii cimina isaanii itti agarsiifatu. Humna salphaan itti hinkennan. Kun muddama cimsa.

Waarsaafi amaamonni muddama kana obbaaffachuuf yaalu. Gara lolatti yoo seenaan dargaggeessi qe'ee intalaa cidhaaf walitti yaa'ee isaan miidhuu danda'a. Sanarrayyuu, hiika soddummaa balleessa. Kaayyoofi waltajjii cidhaa miidha. Eenyutu gundoo booree dhiisee gala? Eenyutu qe'ee eenyuu dhufee durba warra abbaa qe'ee reebee gala? Wal dhabdeen soddoota lameen eessatti geessa? Kun fokkisaadha. Hintolu, hinbareedu. Karaa obsaafi kabajaa qe'ee warra soddaa

hincabsineen tooftaa garaagaraa fayyadamanii gundoo booree fudhachuuf ifaajuu wayya. Yoo mala adda addaan fudhachuu dadhabanis jaarsummaan fudhachuutti naannessu malee lolli qe'ee warra soddaatti dhalachuun kabaja warra soddaa gad buusuu danda'a.

Ragaaleen daawwannaa sirba gaa'elaa ilmaan Guduruuf Caamsaa, 20/2021 taasifame akka agarsiisutti, addooyyeewwan gundoo hiriyyaa isaanii jalaa hambifachuu hinfedhan. Amaamotaan wal loluus hinbarbaadan. Kun immoo, sirbi gundoon booree bashannana dabaluufi yeroo dheeressuu agarsiisa. Muddama uumuu, waldorgomsiisuu, yaada rarraasuufi yeroo dheeressuun kaayyoo waltajjii sirba gundoo booreeti. Darbees, ciminaafi amala jabbi-dhooftuu yookaan waarsaa sana qoruudha. Yoo laafaa ta'e waarsaan tuffatama. Hunda caalaa, naamusa, amalaafi tasgabbii warra soddaa qoruudha. Safuu soddaa beekuu isaaniifi xiiqii ba'uu danda'uu isaanii madaaluurratti xiyyeeffate.

Ragaalee sirba gundoo booreerratti argachuuf daawwannaan sirba gaa'elaa ilmaan Jiddaaf Amajjii, 5/2021 taasifame jira. Sirba gundoo booree qe'ee warra intalaatti sirbametu daawwatame. Bu'aan daawwannaa sanaa akka agarsiisutti, sirbi gundoo booree qe'ee warra intala heerumtuutti sirbama. Guyyaa cidhaa gara sa'aa 9:30 yeroo amaamonni intala fudhatanii galuuf ka'an sirbame. Ragaan gadii kunis daawwannoo sanarraa argame:

1. Yaa fuutuu, eenyu abbaan gundoo fuutuu
   Yaa Mootii duutuu, ati illee dhuftee hinfuutuu!
   Yaa waarsaa duutu atillee dhuftee hinfuutu!
   Calli'aa fardi hinjiru, gaangee malee
   Jara keessa dhiirri hinjiru nadheen malee
   Eenyu abbaan dhuftee gundoo fuutuu?

Dhimmi gundoo booree qe'ee warra intala heerumtuutti ka'a. Gundoon booree gonfaa intalaaf kennamu keessaa tokko. Miseensonni addooyyee intala heerumtuu gonfaa amaamotatti kanname keessaa gundoo booree gaaduun butanii fudhatu. Bo'oo tokkoffaarratti, 'yaa fuutuu eenyu abbaan gundoo fuutuu?' kan jedhu, ergaa gundoo booree abbaa cimee fudhatu affeeru dabarsa. Akka waarsaafi amaamonni dhufanii fudhataniif ittiin arrabsu. Gundoo booree qabatanii walitti naanna'anii weeddisanii arrabsu. Haala kana keessatti intalli tokko gundoo booree amaamotarraa butattee fudhattee ol qabuun amaamota keessaa eenyu akka fudhachuu danda'u maqaa dha'uun arrabsite. Shamarran hafan ammoo jalaa qabuun akka waarsaafi amaamonni hinfudhannee dhorku.

Ergaan dabalataa bo'oo tokkoffaarratti darbe, amaamota keessaa eenyu akka gundoo booree fudhatu adda baasee gaafata. Gundoo booree fudhachuun aadaadha. Garuu, haala salphaan amaamotatti hinkennamu. Kanaaf, nama cimaa gaafatu. Amaamonnis tooftaa shamarran ittiin gundoo booree jalaa fudhataniin gaadanii fudhachuuf tattaafatu. Kun ciminaafi mala beekuu gaafata. Kanaan yeroo, iddoofi haala wal simate eeggatanii gundoo sana durba harkaa butanii fudhatu. Kun ammoo, shamarraniifi amaamota gidduutti dorgommii uuma. Muddama dhalcha. Kanaaf, of eeggannoon to'atamuu qaba malee lola kaasuu danda'a.

Dabalataanis, ergaan sirba kanaa cimina amaamotaa madaala. Bo'oo lammataarratti, 'yaa Mootii duutuu ati illee dhuftee hinfuutuu!' jedha. Amaamota keessaa namni maqaan Mootii kanneen biroo caalaa cimaa yookaan waarsaa agarsiisuun akka gundoo booree fudhatuuf affeeru. Maqaa

amaamotaa dursanii iyyaaffachuun argatu. Kun immoo, akka shamarran sirba gundoo booreerratti maqaa namoota dha'uun arrabsaniif gargaara.

Inni biraan, ergaan sirba kanaan darbe arrabsoo waarsaati. Bo'oo sadaffaarratti, 'yaa waarsaa duutuu ati illee dhuftee hinfuutuu!' jedha. Arrabsoo waarsaarratti xiiyyeeffata. Waarsaa jechuun amaamota keessaa nama gurbaa fuudhuuf obboleessatti oolu. Akka aadaa Oromoo Jaawwiitti, namoonni jifuun waarsummaa qaban gundoo booree fudhachuuf amaamota biroo caalaa dirqama qabu. Kanneen keessaa filanii jabbi-dhooftuu yookaan godhu. Sun cimee gundoo booree fudhatee waarsummaa mirkaneeffata. Tokko yoo dhadhabe, namni biraan itti darbee fudhachuuf carraaqa. Kanaafuu, kanneen jifuu waarsummaa qaban gidduutti dorgommii uuma. Abbaan cimee gundoo booree fudhate ol aantummaa qaba, waarsummaas mirkaneeffata. Kanarraa ka'uun, shamarran sirba kana keessatti waarsaa arrabsuurratti xiyyeeffatu.

Ragaa kana keessatti 'yaa waarsaa duutuu' yaanni jedhu, hiika tuffii waarsaa agarsiisu qaba. Yoo cimee gundoo booree fudhate beekamtii waarsummaa argata. Kunis gurbaan intala fuudhe yoo tasaa du'e qe'ee sana akka dhaalu taasisa. Dabalataanis, yoo abbaan manaa duula deeme hanga galutti qe'ee eega. Sanyoo jifuu cabsee salphisuuf dhufu qe'ee irraa deebisa. Hanga abbaan manaa galutti qe'ee tursiisa. Gurbaan sun akka carraa ta'ee bakka duula deeme sanatti yoo du'ee hafe, waarsaan dubartii sana bulchuun qe'ee isaa eega, ijoollee isaa guddisa. Eeguufis ta'e bulchuuf jabaafi amanamaa ta'uu qaba. Humna qabaachuufi mala beekuu qaba. Danda'uutu irra jira. Sirbi gundoo booree waltajjii cidhaa kanarratti sirbame kana mirkaneessa. Kanaas Oromoon Jaawwii makmaaksa "waarsaan jifuudha, jifuu ofii immoo kutanii hingatan," jedhuu fayyadamuun qooda waarsaan qabu ibsu. Kunis waarsaa qaama ofii waan ta'eef, gatuun akka hindanda'amne yaad-rimee jedhu agarsiisa. Bu'uuruma kanaan, ergaan sirba gundoo booree dhimma aadaa waarsaan walqabatu ibsuurratti gumaacha mataa isaa akka qabu hubachuun danda'mee jira.

Sirbi gundoo booree akkuma sirboota biroo dhaloota barsiisuu keessatti gumaacha mataa isaa qaba. Kanas ragaa dhihaate kana keessaa bo'oo shanaffaarratti "jara keessa dhiirri hinjiru nadheen malee'' yaanni jedhu, ergaa amaamonni cimoo ta'uu gundoo booree fudhachuu akka qaban barsiisu dabarsa. Hirmaattonni sirba kanas keessumaa dargaggoonni haalaan hordofuun cimina amaamotaaf barbaachisurraa baratu. Irraa barachuun yeroo amaamotaaf kadhataman gundoo booree fudhachuuf gumaachu. Kanaafuu, sirbi gundoo booree humna barsiisuu qaba. Walumaagalatti, ragaan dhihaate kun sirbi gundoo booree qe'ee intala heerumtuutti guyyaa akka sirbamu hubachiisa. Ergaan keessatti mul'atu arrabsoo amaamotaafi waarsaati. Akkasumas, faayidaalee jifuu gundoo booree barsiisuufi bashannansiisuu qaba.

Dabalataanis, dhimma sirba gundoo booreerratti ragaa argachuuf afgaaffiin maanguddoo ilmaan Jiddaa BG jedhamtu waliin Guraandhala, 3/2021 taasifamee jira. Yaanni maanguddoo kanarraa argames sirbi gundoo booree hiriyyoota intala heerumtuun akka sirbamu agarsiisa. Amaamotaafi waarsota arrabsuurratti xiyyeeffatu. Waarsonni amaamota gurmeessuun mala adda addaan akka gundoo booree fudhataniif kakaasu. Gundoon booree dhiifamee hingalamu. Booreedha, fafa. Gundoon sun kanaaf hodhame. Bu'uuruma kanaan, amaamotaafi shamarran gundoo booree qabatan gidduutti miira dorgommii uuma.

Shamarran Jaawwii Maccaa qe'ee warra intalaatti, sirba gundoo booree fayyadamuun akkuma waarsaafi amaamota arrabsan, gurbaa fuudhaaf dhufe arrabsu. Ragaan daawwannoon argame kanuma dhugoomsa. Lugnummaa misirrichaa hima. Jabbi-dhooftuufi amaamonni kan isaati; isatu kadhatee fidate. Amalli isaaniifi gurbaa fudhuu mul'isa; "wal fakkaattuun wal barbaaddi!" jedhama. Ragaan itti aanu kun daawwannaa Caamsaa, 16/2021 ilmaan Guduruurraa argame.

2. Gurroo dhiiraa
   Soddaan kooree
   Gundoo boore
   Dhiiftee galta mooree?
   Fuutee galta mooree?
   Hamaatiin maal jettii?
   Sayyuun ilil jettii.
   Gundoo durbi hodhite,
   Dhirsi dhiisee gala mooree?

Ragaa dhihaate kun ergaawwan sadii dabarsa. Inni jalqabaa, yoomessa sirbi gundoo booree qe'ee warra intala heerumtuu ta'uudha. Bo'oo salgaffaarratti 'dhirsi dhiisee gala mooree?' yaanni jedhuu, sirbi gundoo booree qe'ee warra intalaa ta'uu ibsa. Akkasumas, bo'oo lammaffaarratti 'soddaan kooree' walaloon jedhu, gurbaan fuudhu qe'ee warra intalaa sodaachuun gundoo jifuu fudhachuu akka sodaate akeeka. Dhiisee galuuf jira. Yoo dhiisee galee kan jifuu ittiin guutu isa dhiba. Jifuu hanqisuun immoo qaaniidha. Sanayyuu durbi dhamaatee qopheessitee dhiirri eeguu dadhabuufi sodaachuun qaanii ta'uu agarsiisa. Dhiirri, keessumaa abbaan manaa, qabeenyaafi bu'aa dhamaatee kaadhimaa isaa tiksuu, kunuunsuufi mararfachuu qaba. Saamamuu oolchuus qaba. Kana gochuun dirqama dhiirummaati. Yoo ta'uu baate, fafa, qaaniifi taajjabbii ta'a. Ga'ee dhiirummaa ba'uu dhadhabuun jifuu gundoo booree hir'isa. Haala kana keessatti ga'een shamrranii warra soddaa arrabsuun akka gundoo booree fudhataniif kakaasuu yoo ta'u, warri soddaa immoo, tooftaa garaagaraan gundoo booree fudhachuuf tattaafachuudha.

Gurbaa fuudhu, warri intalaafi namoonni kaan soddaafi soddee jechuun waamu. Guyyaa kun gurbaa fuudhuuf gammachuu waan ta'eef, uffateefi hidhatee boonee fuudhaaf mana warra soddaa deema. Sunniin isa mo'anii gundoo dagachiisuun dhiisisuu hinqaban. Shamarra Jaawwiis sanneen yaada keessa galchuun misirrichi sababa boonuuf, gundoo booree fuudhee moo dhiisee gala laata jechuun arrabsu. Dhiisee galuun dagachuu, wallaaluufi salphachuu agarsiisa. Beekumsaafi hubannoo dhabuu malee qabaachuu hinagarsiisu. Hanqinaafi laafina malee cimina hinagarsiisu. Kun immoo, ergaa misirrichi akka gundoo booree dhiisee hingalle akeekkachiisu dabarsuu agarsiisa. Isheen dhimmamtee dursitee hodhite. Innis akkuma ishee dhimmamee fudhee galu qaba. Dhimmamuu dhabnaan, amaatiifi sayyuullee salphisa, saalfachiisa. Kan hoodaa ta'a. Kanaafuu, shamarran Jaawwii yoomessa kana keessatti gundoo durbi hodhite dhirri dhiisee galuu akka hinqabne agarsiisuuf sirba kana fayyadaman.

Ergaan sirba kanaa inni lammaffaa, gurbaan fuudhu dabeessa yookaan lugna ta'uu akeeka. Bo'oo jalqabaarratti 'gurroo dhiiraa' kan jedhu, erga mamii dhiirummaa shamarran gurbaa fuudhuuf qaban dabarsa. Haala kana keessatti 'dhiirummaan' saala osoo hintaane, gootummaa, jagnummaafi jabina bakka bu'a. Dabumaan gurba fuudhu arrabsuu isaaniiti. Ati maqaaf malee hojiin waan

dhiirarraa eegamu hinqabdu jechuu barbaadan. Kanaafuu, gundoo booree fudhachuu sodaattee dhiiftee galta akka jechuuti. 'Maqaaf dhiiraa akkamiin sodaattee gundoo booree dhiftee galta!' jechuun arrabsu. Arrabsoon kun amaamota xiiqii keessa galcha. Akka onnatanii gundoo booree fudhatan sanaan dhiirummaa akka agarsiifatan taasisa. Kunis sirbi gundoo booree humna onnachiisuu qabaachuu ibsa.

Waarsonniifi amaamoonnis arraba shamarranii sodaachuun haala kamiiniyyuu gundoo booree kana fudhachuuf xiiqeffatu. Misirrichas kabachiisuuf tattaafatu. Arrabni durbaa kun xiiqii keessa isaan galcha. Dhimmi gundoo booree kun amaamotaafi shamarran gidduutti wal morkiifi xiiqii uuma. Adeemsa kana keessatti shamarran amaamota keessaa nama gundoo booree fudhachuuf yaalu bifa geengoo cufanii dhorkatu. Shamarran bifa geengoon gurmaa'uun amaamota of irraa dhorkuun tokkummaa mul'isa. Amaamonnis shamarran haaloo qabachuun obsaan gundoo booree fudhachuurratti xiyyeeffatu. Keessumaa waarsonni gundicha fudhachuun cimina tokko tokkoo isaanii agarsiisuuf waldorgomu.

Ergaa sadaffaan sirba kanaa gundoo booree kan durbi hodhitu ta'uu hima. Sunis dhimmaafi kaayyoo qabaachuu akeeka. Dhimmaafi kaayyoo sana galmaan gahuun jifuu guutuu qaba. Hodhuun dadhabsiisaadha. Tartiiba raawwilee hordofu qaba. Isaanis migira ciruu, baqaqsuu, gogsuu, kunuunsanii kaa'uufi guyyaa eeggatanii hodhuudha. Shamarran gundoo booree kan akeekkatanii hodhan akka jifuun sun ittiin guutamuuf yaadaniiti. Jifuun sunis mana gurbaa fuudhuutti guutama. Sanaaf immoo, fuudhanii galuun dirqama. Shamarran hodhanii dirqama isaanii ba'aniiru. Fudhatanii galuun dirqama dhiiraati. Hambisuunis hanqina dhiiraa agarsiisa. Kanaafuu, dhiirri hanquu ta'uu akeeka. Hojiifi qabeenya durbaa dhiirri eeguu, tiksuu, kunuunsuu qaba. Dhiirri sana hanqate, akka dhiiraatti hinlakkaa'amu. Sirba kana keessatti bo'oowwan jahaffaafi torbaffaan, 'gundoo durbi hodhite, dhirsi dhiisee gala mooree' kanneen jedhaman, gundoon booree qarreen hodhamuu hima. Hojii kanas guyyaa gaa'elaa qabachuun sirbarratti bobba'uun akka salphaatti kennuu hinbarbaadan. Kanarraa ka'uun, maqaan sirba gundoo booree jedhamu moggaafame. Ergaan kun kallattiin misirrichi gundoo booree akka fudhachuu qabu ibsa. 'Dhirsi dhiisee gala mooree!' kan jedhu, misirrichi jabaatee tooftaa uumee gundoo booree fudhachuu akka qabu agarsiisa. Hojii, qabeenyaafi ishees eeguu, tiksuufi kunuunfachuun kan dhiiraati. Kana namni tokkoo qofa hinraawwatu. Gosaafi hiriyyoota qaba. Isatu qindeeffatee gahee qoodaaf. Gulantaa hawaasaa keessaa namoonni fudhuu qaban eenyu faa akka ta'an barsiisa. Kanaaf, sirbi gundoo booree arrabsuu qofa osoo hintaane, barsiisuufis akka humna qabu hubachiisa.

Haaluma walfakkaatuun, ragaalee sirba gundoo booreen walqabatan daawwannaa Bitootessa, 12/2021 ilmaan Guduruuf taasifamerraa argamee jira. Ragaan dhihaate kunis daawwannaa guyyaa kanaarraa argame.

3. Muka maaltuu jigee muu muu
   Bosoqqeetu jigee muu muu
   Soddaan koos hinkufee muu muu
   Gundoon boorees hafee muu muu

Ragaan kun ciminaafi dadhaabbina gurbaa fuudhuu adda baasa. Bosoqqee ta'a moo cimaa ta'ee gundoo booree shamarran harkaa buta? jechuudha. Kana keessattis gurbaa fuudhu arrabsuu shamarranii argina. Bo'oo tokkoffaafi lammataan "muka maaltuu jigee, bosoqqeetu jigee'' jedhu. Mukkeen naannoo Jaawwii Maccaa keessaa bosoqqeen laaftuu waan taateef, tuffatamtuudha. Dhimma hinbaastu jechuudha. Dhaabaa yookaan dagalee taatee waa ijaarsisuu hindandeessu. Kanaafuu, jiges, dhiises faayidaa hinqabu; nama hinyaaddessuufi dhimma namaa miti jechuudha. Bosoqqeen wal simsiisanii arrabsan. Kufaatiin soddaa immoo, bakka itti eeganii dhabuu agarsiisa. Soddaa gundoo booreef ta'uu dhaban. Gundoo booree malaanis ta'e ciminaan fudhachuu hindandeenye. Mala hinbeekan; onnee, hamileefi obsa hinqaban. Wal gurmeessuufi wal gargaaruu hindanda'an. Oromoon Jaawwii soddaa akkasii raatuufi galtuu jechuun tuffatan. Kanaafuu, ergaan yoomessa sirba kana keessatti darbe arrabsoo tuffii gurbaa fuudhuuf shamarran qaban agarsiisa.

Dabalataanis, ragaa daawwannaan argame mirkaneeffachuuf afgaaffiin Ebla 13/2021 maanguddoo ilmaan Goree TL jedhamtu waliin taasifameera. Maanguddoon kunis "shamarran keenya sirba gundoo booreen aadaa waarsaa jedhamu saaxilu. Kunis halkan osoo hintaane, guyyaa yeroo intalli heerumaaf baatudha. Sababiin isaa, intalli heerumaaf guyyaa kennamti," jechuun ibsiti. Ragaa kun sirbi gundoo booree eessattiifi yoom akka sirbamu ibsa. Kunis guyyaa heerumaa qe'ee warra intalaa ta'uu agarsiisa. Dabalataanis, kaayyoo isaa gundoo booree fudhachuu ta'uu addeessa. Akka aadaa Oromoo Jaawwii Maccaatti, waarsaan fuudhaaf heeruma keessatti jifuu mataa isaa qaba. Shamarran guyyaa gaa'elaa waarsaarratti xiyyeeffachuun akka gundoo booree fudhatuuf arrabsuun kakaasu. Gundoo booree fudhachuun waarsaa adda baafatu. Yoo inni dadhabe namni biraa darbee fudhachuu danda'a. Yoo fudhachuu dadhabe kabaja waarsummaa dhaba; ni tuffatama; ni salphata. Boor danda'ee ol jedhee ishee hinilaalu. Isheenis ni tuffatti. Dadhabnaan namni jabaafi goonni biraa isa bira darbee fudhata. Kanaafuu, ergaan ragaa dhihaate keessatti darbe ga'ee waarsaan ijaarsa gaa'elaa keessatti qabu akeeka.

Yaada bu'uuraa sirba gundoo booree hubachiisuun barbaachisaadha. Kaayyoon waltajjii tokkorraa hubatamu soddaa arrabsuu, cidha ho'isuu, waarsaa intalaa beeksisuudha. Sanneen irra darbee, sirbi gundoo booree hawaasaaf faayidaa lugnummaan balfamaafi jibbamaa ta'uu qaba. Gootummaa bu'uura ijaarsa hawaasaati. Mirga, qabeenyaafi kabaja kan hawaasa gonfachiisu gootummaa, obsa, beekumsa, ciminaafi cichoomina ta'uu cimsee hubachiisa. Kanaafuu, leellifamaa, barbaachisaadha. Gurbaan fuudhus erga soddaa isaanii ta'ee, sodaachuu akka hinqabne barsiisu. Mirgaafi qabeenya ishee tiksuu. Akkasumas, misirritti kabachiisuu qaba. Kana makmaaksaan, "Sodaattuun niitii hinfuutu," jechuun dhaloota sodaarraa baasuu barsiisu. Bu'uruma kanaan, namoonni gaa'ela dhaabbachuuf deeman onnee qabaachuun karaa garaagaraa of qopheessee gaa'ela dhaabbachuutti akka seenuu qabu barata. Kanaafuu, faayidaa sirbi gundoo booree hawaasaaf qabu keessaa barsiisuun bu'uura ta'uu ragaa kanarraa hubachuun danda'ameera.

Qe'ee warra intalaatti, akkuma shamarran sirba gundoo booreen amaamota arrabsan, amaamonnis sirba 'cabsee gale jabaan ilmaa!' jedhuun dhaadataa galu. Shamarran arrabsuun xiiqii ibsatu. Keessumayyuu, amaamonni erga dorgommii cimaa taasisuun gundoo booree fudhatanii booda sirba kanaan cimina isaanii himatu. Ragaan daawwannoon sirba gaa'elaa Jiddaa irraa Amajjii 03/2021 argame bu'uura:

4. Goodaa caffee saree
   Lagoo Dib Incinnii
   Kunoo cabsee galee
   Lafoo jibichichii
   Elaa sirbi achi siqii
   Egaa maal gootaree!
   Elaa Caffee Saree
   Elaa kabaa rirmaa
   Egaa cabsee galee
   Kunoo jabaan ilmaa.

Kana amaamotatu yeroo qe'ee warraatii intala fudhatanii ka'an sirbu. Utuu maqaa hindha'iin shamarran amaamota arrabsaa oolaniif deebisu. Ciminaafi dandeettii isaanii dhaadatu. Shamarranis booda akkas jedhanii qeeqan dursanii beekkatu. Akka hingaabbine, kan jechuufi gochuu qabanis hinhambifatiin sirbanii baafatu. Bo'oo lammaffaarratti "Lafoo Dib Incinnii'' kan jedhu, amaamota cimanii gundoo booree fudhatan faarsa. Amaamonni lafoofi warreen fardaa jechuun wal qoodu. Lafoo jechuun amaamota lafa deeman ta'an ciccimoodha. Weeddisanii sirbaa deemu. Kanaafuu, cidha ho'isu; sirbaafi weedduun lafa ho'isuun beekamu; kaan si'eessaa yaa'u. Karaa biraa immoo, cimoo duubatti hindeebine yookaan hinseessine ta'uu agarsiisa; gootummaa. Akka warra duuluuttis of ilaalu. Caffee Saree, Dib Incinnii, … fa'aan iddoo itti arba, gafarsa, leenca, yeeyyii faa adamsanii ajjeesan; gammoojjii beela, dheebuufi gidiraan beekaman. Yaanni sirba kanaas jarri lafoo kunniin iddoowwan sanneenittuu akka hinseessine addeessa. Iddoo kanas akkuma sanaatti ilaalu. Walumaa gala, ragaan kun ergaa ciminaafi gootummaa amaamotaa faarsu dabarsa.

"Cabsee jibichichii!" kan jedhu muddama gundoo booree fudhachuuf ture akeeka. 'Jibichichii' waarsaa shamarran irraa gundoo booree fudhatedha. Dandeettii isaa sana hubachiisa, danda'uu isaa hima; gootummaa jabbi-dhooftuu/waarsaa gundoo fudhatee addeessa. Amaamota sana keessaa ciminaan fudhattee ba'uu, milkiin galuu agarsiisa. Sana keessa milkiin darbuun cimina isaaniiti. Haala kana keessatti jibicha kan jedhu amaamota keessaa dargaggeessi jifuu waarsummaa qabu gundoo booree fudhachuu agarsiisa. Isa durbi 'maqaaf malee dhiira miti!' jechaa turan sana mormuun sobsiisa. Dhiirummaa, gootummaa, cimina, jabaa ta'uu agarsiifata. Gundoo booreerraa fudhachuun isaa agarsiisuudha. Sanaaf gammachuun of faarsa, cimina isaa dhaadata. Sun intala heerumtu sana garaa gahuun gammachiisa. Waarsaa cimaa qabaachuu ishee mirkaneeffatti.

Ragaa kana keessaa "egaa maal gootaree" kan jedhu gurbaan gundoo booree fudhachuuf muddamaa ture milkaa'uu agarsiisa. Gundoo booree fudhachuu dandeenya moo hindandeenyu? yaanni jedhu isaan dhiphisaa ture. Onnee guutuun qabsa'aanii gundoo booree fudhachuun milkaa'anii jiru. Haalli kunis yoomessa sirba gundoo booree keessatti amaloonni muddamuu, obsuufi mala dha'uu akka jiru agarsiisa. Kanaafuu, muddamuu, obsuufi mala dhahuun amaloota sirbi gundoo booree ta'uu hubachiisa. Karaa biraa ammoo, amaamonni qooda fudhattoota sirba gundoo booree akka ta'an ragaa dhihaate kanarraa hubatachuun danda'ameera.

4. Goolaba

Sirbi gundoo booree Oromoo Jaawwii Maccaa yoomessa shaakalaafi raawwii qaba. Waltajjileen migira buqqisuufi hodhuu, bishaan waraabuufi qoraan funaanuun yoomessa shaakalaati. Shamarrantu wal ga'e sirba gundoo booree shaakalaa hojjetu. Shaakalarratti sochii qaamaan hinagarsiisan; sirbaaf mijataa miti. Amaamota xiiqiin sirbisiisus hinqabu. Kanaafuu, waltajjileen migira ciruufi hodhuu, bishaan waraabuufi qoraan funaanuurratti weedduun gundoo booree guyyaa shaakalama. Addooyyeewwan intala heerumtuun gareen shaakalama. Dabareen wal jalaa qabaa shaakalu. Xiyyeeffannoo wal hordofaa weeddisu. Kunis akka wal irraa baratan taasisa. Akkasumas, jaalala gidduu isaanii cimsuun hojii saffisiisa.

Guyyaan gaa'elaa immoo, yoomessa raawwii sirba gundoo booreeti. Shamarraniifi amaamotaan sirbama. Booree walqabachuun bifa wal morkiin dhiheessu. Waltajjii cidha kanaa ho'isa. Gama lachuu xiiqii qabsiisa; akka sirbaan wal dorgoman godha. Hinjifatamuu akka jibban, injifachuuf akka tattaafatan godha. Kan morkatanii hinjifatan humna qofaan miti. Seera eeggachuu barbaachisa. Safuu, naamusa, laguufi kabaja soddaa, keessumaa kan waarsaa yookaan jabbi-dhooftuu barsiisa. Darbees, sodaan jibbamaa, salphina, fafeefi leeyyaasisaa ta'uu agarsiisa. Faallaa kanaan, gootummaan kabachiisaa, jaalatamaa, safeeffatamaafi boonsaa yookaan gammachiisaa ta'uu mul'isa. Aadaa, eenyummaa, maalummaa, qabeenya, daangaa ofii kan eegsisu ta'uu agarsiisa. Kanas Oromoon waltajjii kana irratti kan dhaloota barsiisan ta'uu akeeka. Shamarran akka waarsaafi amaamonni gundoo booree itti fudhatan qoruuf arrabsu. Akkasumas, Obsaa, mala dha'uufi seera yookaan kabaja soddaa qabu qoru. Kunis waltajjiin cidhaa haala qormaataan guutame keessatti akka tasgabbiifi nagaan aadaa eeggatee raawwatamuuf gargaara. Oromoon Jaawwii Maccaa intala heerumaaf halkan hinkennan. Daandiirratti miidhamuu intalaa yaadda'u. Kanaafuu, lafti dhi'e amaamota bulchanii guyyaa itti aanu intala kennu. Kunniin sirbi gundoo booree gama yeroon guyyaa akka sirbamu agarsiisa.

Sirbi gundoo booree ergaawwan arrabsoo jabbi-dhooftuu yookaan waarsaa, soddaa, amaamotaafi gosa gurbaa fuudhuu dabarsa. Kunis yeroo jabbi-dhooftuun gonfaa lakkaa'ee fudhatu, miseensonni addooyyee intalaa gundoo booree keessaa jalaa butanii fudhatu. Gundoo sana ol fuudhanii mirmirsaa, cimee fudhatee galuuf arrabsu. Waarsaan yoo dadhabeefi sodaatee gatee galee waarsaan sodaataa jiraachuu weedduu ergaa xiiqiifi lugnummaa ibsuun sallaksu.

Waarsaanis mala malee obsaan dabaalee gundoo booree fudhatee gala. Dhiisanii galuun salphina; amanamummaa dhabuu, gonfaa imaanaan itti kenname hir'isuudha. Humnaanis hinfudhatan; durbi nama arrabsiteef, rukutteef hinaaran. Soddaan safuudha; seera qaba; hinsalphisan. Durba isaanii nikabajan. Kabajaafi seera soddaa gad hinbuusan; qe'ee warra soddaa hinjeeqan. Amaamotaafi dargaggoota qe'ee warra soddaa tasgabbeessan. Mala, beekumsa, obsaafi gara-bal'ina gundoo booree fudhatanii galu. Kun intala heerumtu garaa ciibsa; nigammachiisa. Namni kun iddoo abbaan warraa hinjirretti gaaddisaafi dahoo isheeti. Amalli isaa kun booris darbee ishee eega, tiksa; kabachiisa. Hiriyyoonni ishee nameenyaa isaa saaxiluu, barsiisuufi adda baasuuf haala kana uumu. Erga gundoon fudhamee amaamonni sirba ergaa dhaadannoo qabu dhageessisuun dhiichisu. Kunis gammachuu muddama gundoo booree keessa darbuu mul'isa. Guyyaa sanaa eegaluun intalli heerumtu maqaa waarsaa waamuu lagatti. Naannoo Jaawwii Maccaatti, intalli yoo waarsaa maqaa waamte rifeensa mataatu dhuma hooda jedhutu jira. Waldorgommii uuma. Sunis cidha ho'isa. Kanaafuu, sirbi gundoo booree qe'ee warra intalaatti sirbamu cidha ho'isa, hooda waarsaa

agarsiisa yookaan safuu waarsaa ibsa; dhaloota qara; hawaasa, aadaafi safuu isaa jaallachiisuun kabachiisa.

5. Yaboo

Dargaggoonni Oromoo sirba gundoo booreef xiyyeeffannoo kennuun haala ammayyaan walitti madaqsanii dhimmoota Oromoo ittiin dabarsuufi irraa barachuun barbaachisaa ta'uu qorannoon kun akeeka. Dhaabbileen akka Waajjiraalee Aadaafi Turiizimii, Yuunvarsiitonnii mootummaafi mit-mootummaa naannoo ilmaan Jaawwii Maccaa dhaloota dadammaqsuun akka sirba gundoo booreetti fayyadaman taasisuun guddina sirba kanaaf gumaacha.

Wabiilee

Assafa Tefera. (2015). Ethnography of Resistance Poetics. Indiana University, Bloomington, IN, USA. Unpublished Ph.D. Dissertation.

Badhaasaa Namarraa. (2019). *Aadaa fuudhaafi Heerumaa Oromoo Wallaggaa.* Finfinnee: ADP Press.

Bauman, R. (1975). Verbal Art as Performance. *American Anthropologist New Series journal,* vol. 77. pp. 290-311.

Bukenya, A. Kabira, M. and Okomba, M. (1994). *Understanding Oral Latereture***.** Nairobi: Nairobi University Press.

Dafaa Jammoo. (1974). The representation of 'Ethiophianness and Oromoness' in two Oromo-language novels. *Journal of Africa studies,* vol. 27, pp. 84-97.

Dereje Fufa. (2019). Classifications of Macca Oromoo Girls' Nuptial Songs (Sirba Cidhaa). *Humanities Journal,* Vol. 8, pp. 145.

Dorson, R. (1972). *Folklore and Folklife: an Introduction*. Chicago: the University of Chicago press.

Finnegan, R. (1970). *Oral literature in Africa*. London: Oxeford University Press.

Given, M. L. (2008). *The Sage Encyclopedia of Qualitative Research Methods.* London: Sage Publications, Inc.

Holcomb B. (1973). Oromo Marriage in Wälläga. Ethiopia: *Journal of Ethiopian Studies,* Vol. 11, pp. 107-142.

Hui T. (2016). Construction of family identity through consumption in Jinan China. China. University of Exeter, MA Thesis.

Huseen Badhaasoo. (2000). *Seera Fuudhaafi Heeruma Oromoo Arsii*. Finfinnee: Commercial P.E.

Leila Qashu. (2004). *Arsi Oromo Society Viewed Through Its Wedding Music*. Unpublished MA Thesis at University of Paris.

Megersa Regassa, Terefe Mitiku and Waktole Hailu. (2019). Addooyyee: Girl's Indigenous Friend ship Institution in Oromoo, Ethiopia. *International Journal of Multicultural and Multireligious Understanding,* Vol. 6, pp. 307-319.

Margaa Abbabaafi Ashannaafii Balaay. (2022). Xiinxala Akkaatummaa Weelluu Jaalalaa Oromoo Maccaa. *Gadaa Journal/Barruulee Gadaa,* vo. 5, pp. 2616-3977.

Olaanii Fayisaa. (2017). Xiinxala Unkaafi Qabiyyee Faaruu Naqataa Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Jaardagaa Jaartee. Yunvarsiitii Finfinneetti Waraqaa Qorannoo Digirii Lammataa Hinmaxxanfaamiin.

Seefuu Gaaddisaa. (2016). Qaaccessa Weedduu Arrabsoo Fuudhaafi Heerumaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Amboo. Yuunvarsiitii Addis Ababatti Waraqaa Qorannoo Digirii Lammataa Hinmaxxanfamiin.

Terre B.M, Durrheim K. & Painter D. (1999). *Research in Practice: Applied Methods for the Social Sciences (2nd edition).* University of Cape Town Press (pty) Ltd.